Qorannoowwan Mallattoolee COVID-19'f Guyyaa Guyyaan Mana Keessatti Taasifaman

Meeshaan qorannoo kun hojjettootaaf, barattootaaf akkasumas miseensota maatii kamiif iyyuu ni ta'a.

<u>KUTAA 1 - MALLATTOOLEE</u>: Mallattoolee armaan gadii keessaa kam iyyuu qabduu?

Mallattoolee irra caalmaan beekamoo ta'an

- ❏ Ho'iinsa qaamaa digirii Faaranaayitii 100.4 yookin isaa ol ta'e (maaloo teempireechara keessan guyyaa guyyaadhaan mana barumsaa keessan osoo hin deemin ilaalamaa)
- ❏ Qufaa/utaalloo jalqabaa haaraa yookin qufaa/utaalloo hamaa
- ❏ Hargansuu dadhabuu
- ❏ Miira dhamdhammii fi fuunfachuu dhabuu haarawa

Mallattoolee baay'ee beekamoo hin taane

- ❏ Dhukkubbii qoonqoo
- ❏ Miira hooqqisuu
- ❏ Hoqqisiisaa
- ❏ Garaa kaasaa
- ❏ Nama qorrisiisuu
- ❏ Dhukkubbii maashaa
- ❏ Dadhabbii humnaa ol ta'e
- ❏ Mataa bowwuu haaraa fi baay'ee cimaa ta'e
- ❏ Funyaan ukkaamfamuu yookiin dhangala'aa funyaan keessaa yaa'u eegaluu

<u>Kutaa 2 - SAAXILAMA TUTTUQQII DHIHEENYAA</u>

Tuttuqqiin dhiheenyaa akka daqiiqaa 15'f yookin isaa oliif dhiheenya fiitii 6 yookin isaa gadi ta'e keessa turuu itti hiikama

- ❏ Nama COVID-19'n qabamuun isaa mirkaneeffame waliin dhiheenyaan tuttuqqii qabduu?
- ❏ Isin yookiin miseensi maatii keessanii biraan kan mallaattoo agarsiisaa jiru (mallattoolee COVID-19'n walfakkaatan) kan yeroo ammaa kana qoratamee qabxii qorannoo COVID-19 eeggachaa jiru jiraa?
- ❏ Aangawoota fayyaa hawaasaa yookin aangawoota fayyaatiin akka qofaatti of baaftan yookin kuwaarantiinii galtaniif isinitti himamee jiraa?

<u>KUTAA 3 - TARTIIBOTA ITTI AANAN</u>

Mana turuun na barbaachisaa?

- ❏ Mallattoolee armaan oliittii KUTAA 1 keessatti ibsaman kan baratamoo ta'an (Ho'insa qaamaa, qufaa...) TOKKO yookin isaa ol yoo qabaattan mana keessan turaa. Miseensonni maatiis dirqama mana turuu qabu.
- ❏ Yoo mallattoolee baay'inaan hin mul'anne (dhukkubbii qoonqoo, miira hooqqisiisuu...) LAMA yookin isaa ol qabaattan, mana turaa. Miseensonni maatiis dirqama mana keessa turuu qabu.
- ❏ Gaaffii kamiif iyyuu kan **KUTAA 2**, keessaatiif deebiin keessan yoo **EEYYEE** ta'e, **maaloo mana turaa.**

Eenyuufin bilbiluu qaba?

- ❏ Barattoonni barnoota irraa ooluu isaanii gabaasuudhaaf mana barumsaa isaaniif bilbiluu qabu.
- ❏ Hojjettoonni itti gaafatamaa/suuparvaayizaraaf bilbiluu qabu, akkasumas galmeewwan barbaachisan murteessuuf Humna Namaaf bilbiluu qabu
- ❏ Yoo madaallii yookin qorannoo COVID-19 barbaaddan dhiyeessitoota kunuunsa fayyaa keessaniif bilbilaa.
- ❏ **Toorri gargaarsaa MDH COVID-19 gaaffiiwwan hawaasaa 651-297-1304 irratti deebii kennuu, yookin health.covid19@state.mn.us irratti iimeeyilii erguu danda'a.**